- Maqaa Rabbiitiinan jalqabadha haasaa
- Irra deddeebi'ee Rabbii koo nan faarsaa

Faaruun isaan mala gooftaa keenya guddaa
To'ataa mo'ataa uumaa uumama hundaa

- Uumaa keenya har'aa fi kan warra kaleessaa
- Uumaa mormitootaa uumaa gabrootasaa

Kan jara kaleessaaf Islaamummaa kennee
Nu warra har'aasuu goonkumaa hin waakkanne

- Faaruun kan isaati ammas nan faarfadha
- Hin dhiisu hin boqadhu faarfataan jiraadha

Ergamaa isaarratti nagaa fi rahmanni
Maatii gaggaarii fi waahillan isaanii

- Hundarra haa jiraatu nuunis mararrattuu
- Nus itti dabalee nu haa mararfatu

"Nagaa hoo hin dagatee?" jedhaara gariin namaa
Nagaa dagadheen beeku hin dagadhus yoomumaa
Wal gaafanna mee obsaan nagaa isa dhugumaa

- Utuun dharre utuun sobne nagaa koo naaf deebisaa
- Akkami nagaa jirtuu akkami jireenyi dansaa?

Akkami jiruu fi jireenyi akkami alaa mannii
Akkami maatiin waatiin akkami sa'aa namni?

- Akkami adaraa irribni inni dukkana keessaa
- Ijji wal siniif qabee abjuu siniif mul'isaa
- Yoo raftanii kaatan hoo akkami dunququunsaa?

Rafiitiin inni durii rafiitiidha dhugaatti
Rafnaan duutee of wallaaltee gogdeetta akka mukaatti

- Abjuu fa'a ittiin argu TV kaleessaaf borii
- Hiyyeessuma du'aatu ta'ee bula abbaa horii

Inni kaan duunaan boo'icha isaaf boo'amu arga
Isa kaan saamtuutu saamnaan hirribaa baraggaga
Inni ammaa ammoo hirribni hirriba hin jechisiisu
Waan rafaa jiru fakkaata namni yoo nammee ciisu

- Kan safara biraa hin beeku namni safara keenyaa
- Hirriba baraa kanaaf numatiyyuu fakkeenya

Namni safara keenyaa bubbuleera abboo qaata
Halkan rafaa buleetu ganama gurjaa himata
Laaqana nyaatee ka'ee waa'ee beelaa dubbata
Ilmoosaa ijatti tufa saree adda dhungata
Niitiitti quba raasaa ollaadhaan wal hubata

- Garuu walii galatti hundumti kan keessanuu
- Nagaa koon sin gaafadha nagaa isa dur beektanu

Nagaa isa abaa zarriin Rasuula ittiin gaafate
Nagaa isa kaleessarraa har'atti tarkaanfate

- Isa gidduu keenyatti nuuf ida'u jaalala
- Nageenya isa ganamaa fi nageenya isa galgalaa
- Kan walitti qabatu cufaaf banaa balbalaa

Isa ummanni faallaa keenyaa nurkatti gugunja'u
Isaan jibbaan gidduu keenyaa tokkittiin bubuqqa'u

- Isa onnee keenya keessatti jaalala nuuf tamsaasu
- Wal dhabbii keenya furee walitti nu araarsu
- Garaagarummaa gidduu kan keenyaa nuuf gabaabsu

Na'am ana uhayyiikum bittahiyyaa
Khaalidatun bahbuubatul islaamiyyaa

- Assalaamu alaykum warahmatullaahii
- Wabarkaatuhuu ikhwaanii fillaahii

Ergaan ani siniif fudhadhee as ba'e
Utuun hin ibsinan karaa biraa ba'e

- Dubbiin nafudhannaan daandii irraa maqee
- Fardi haasaa na fuudhee bakka biraa dhaqe
- Dubbii koo oliif gadi na harkaa lallaaqe

Garuummoo hin daganne ergaan fuudhee dhufe
Isiniifan ibsa amma kanatti fufee

- Ummanni kaleessaa jarri onnee sibiilaa
- Uumama addaatimoo maali jarri silaa?

Maalummaan Islaamaa dhugaan jaraaf galee
Isa tiksuuf jecha waa hedduu kaffale

- Tarii horii dhabuu yookiin mana hidhaa
- Yookiin lolarratti jara ta'e fiidaa

Kan jaraayyuu addaa jararrayyuu darbee
Jiru seenaarratti jarri hedduu na dhibe

- Dhiironni waa xiqqoo jabina qabuuyyuu
- Dubartoota irraa siniif himuun wayyuu?

Mee of haa tilmaamnu hundi durbaaf dhiiraa
Daawwitii jaraatiin of haa laallu adaraa

- Zamana duraanii bara nabi muusaa
- Nama tokkotu ture mootii jal'ataasaa

Fir'awun kan jedhan mootii akkaan jal'ate
"An gooftaa keessani" jedhee kan dhaadate

- "Samiif dachii sinis anatu sin tolche"
- Jedhee mootii jal'aa humnaan biyya bulche

Jarri gooftummaasaa didee ittiin falme
Namni tokko hin hafne qaqqalamee dhume

- Dubartii tokkotu turte hojjettuun mana isaa
- Manshataa kan jedhan maqaan isii moggaasa
- Ilmaan isaatiifi mataa filti waansaa

Abbaan manaa isii Rabbitti amanee
Morma isaa dhabee dachii jala aane

- Ilmaan shanii waliin isii dhiisee du'e
- Filannoon isiin qabdu obsa qofa ta'e

Obsite haati ilmaa obsite haati dhiiraa
Nama obseef mindaa obsaatu isaaf jira

- Abbaa manaa dhabdee kophummaa baadhataa
- Ilmaan yatiimotas isiitu guddifata
- Kana waliin amantaa Rabbiisii dhokfataa
- Kun dubartiif mitii dhiiraafuu hin jabaata

Akkuma gaafa kaanii hojii utuu hojjettuu
Osoo mataa ilmaan fir'awun filaa jirtuu

- Filaan harkaa kufnaan waa xiqqoo rifattee
- Osoo hin hubatin **BISMILLAAHII** jette
- Wanti isiin dhoksaa jirtu diqqa harkaa baate
- Utuun yaadin dubbiin akka hin taane taate

Yoo kana ilmaan fir'awun keessaa tokko wa'ii
"Rabbiin amma waamte abbuma kootiiyii?"

- Jettee isii gaafatte gaaffii qaxxaamuraa
- Gaafatamnaan deebii kennuufaatu jira

Achumaan manshataan deebii isii deebifte
Osoo homaa hin dhoksin dhugaa jiru himte
"Lakki Rabbiin ani waame Rabbii isa guddate

- Rabbii koof Rabbii kee Rabbii abbaa keetii
- Uumaa uumama maraa gooftaa keenya hundaati"

Jettee itti himnaan mucaan dinqifattee
"Rabbiin abbaa kootii olii jiraa?" Jette
Hatattamaan deemtees abbaasii gaafatte
Mudannoo isiisuu hundaa itti himte
Yoo kana fir'awun aaree guggubate

- "Biyya koo keessatti sanarra ammoo darbee
- Masaraa koo keessatti wanti kun jalqabee?!"

- Jedhee baay'ee aaree homaa obsa dhabe

"Hatattamaan fidaa fuuldura koo dhaabaa
Adabbii kana dura hin turren adaba"

- Jedhee waraana isaaf ajaja dabarsee
- Waraannis qabeenii fidee isaaf dhiheesse

Innis gaggaafateen gaaffii hanga ta'e
"Anaan ala gooftaan eessumaa siif ba'e?

- Ana malee gooftaa eessaa fiddetakkaa
- Duutii fi jireenyi kee kunooti na harka

Amma hatattamaan deebi'i takkatuu
Yoon taane jabaadha adabni adabamtu"

- Jennaan isiin diddee gad dhaabbattee hafte
- Innis itti yaadee waa mala baafate

Akkuma reef jenne ijoollee shan qabdi
Walirratti dhalatani wal hin caalanu hundi

- Abbaa malee guddifte gar-malee rakkattee
- Jaraaf jiruu hawwiti rakkina waakkattee
- Abbaas haadhas taatee jara guddifatte

Ofiif beela teessee jara nyaachifatti
Soorachuu jaraatiin jara laaltee quufti

- Isiin ilmaan isiif wasiilaaf eessuma
- Haboo fi adaadaadha isiin woma hunduma

Isiinis kan jaraa jarrinis kan isii
Ibsuun ni ulfaata jaalala akkasii

- Kana beeka fir'awun kana fayyadamee
- Ilmaan isii akka fidamanuuf waame

Baarmeelii guddaasaatti zaytii danfisiisee
Wanta ta'uuf deemu haadha hubachiise
Kun ta'uun duratti yoo tarii dandeesse
Yaada akka jijjiirtuuf carraa isiif dhiheesse

- Diduusii agarraan fir'awun gaggabaa
- "Ilmasii angafaa ilmoo isa jalqabaa
- Fuudhaatii zaytii danfaatti achi darbaa"

Jedhee waraana isaaf ajaja dabarse
Waraannis ajajaan qabee keessa buuse

- Aaaaaah

Osoo inni iyyuu osoo kurrifatuu
"Harmee na qaqqabi" jedhee utuu watwaatuu
Boo'ee imimmaansaa gadi dhangalaatuu
Obbolaasaa laalaa utuunni maraatuu
Haatis ijaan laalaa boossee guggubattuu

- Waraanni yoo qabee zaytii keessa buusu
- Sagaleensaa dhabame homaanturre yoosuu

Zaytiin danfaan fooniif lafee gargar fooyee
Utuu isiin ilaaltuu lafeen gubbaa ba'ee

- Haatis ni iyyite obbolaa waliini
- Lafee obboleessaa qullaa ilaalanii
- Tapha jaraa duraanii fa'a yaadatanii
- Waan godhan dhabanus gubateen garaani

Ammas lammatarratti carraa isiif laate
Isiin ammas akkuma duraa sana taate
Tokkummaa Rabbiisii qabattee achitti hafte
Dhiibbaa irra ga'eef Rabbitti obsite
Qarriffaan qabattee dhugaatti cichite

- Ammas itti fufuun gurbaa isa lammataa
- Ol fuudhe waraanni gurbaan ni watwaata
- Miila haadhaa qabee boo'ee kurrifata

Ija isii keessa ol ilaalaa boo'a
"Na oolchi yaa aayyoo ani maafan du'a?

- Na oolfadhu harmee na baasi yaa ummaa
- Sababa maaliifan zayitiidhaan waadama?"

Jedhee utuu iyyuu akkuma isa kaanii
Waadamee du'e innis zaytii gubaadhaanii

- Inni sadaffaa fi inni arfaffaarraa
- wal fakkaataa ta'e hunduu carraan jaraa

utuu isiin ilaaltuu utuu isiin argituu
ijjisii imimmaan utuma burqituu
onneen isii ibidda utuu bobeessituu
garaan haadhaa utuu garmalee rooroftuu
ilmaan isii afran dhumatani martuu

- zaytiin lafee jaraa gubbaatti ol baasee
- adiisaa mul'isa foon jalatti hanbisee
- utuma argituu garaan dhugaaf obse

ilmisii inni dhumaa ganaa arma hodha
woma tokkon beeku daa'ima xiqqoodha

- yeroo obbolaansaa guggubattee dhumtu
- inni harma hodha waa tokkon hubatu

isas harkaa fuuchuuf waraanni qophaa'e
yoo kana haadhattiin garaan isii roora'e
sodaan weeraramtee keessisii wal dha'e
ijatu itti jaame afaansiitu bushaa'e
guyyaa saafaa lafti itti dukkanaa'e
bitaan mirga mirgi bitaa itti ta'e

- yeroo kana gurbaan duraan waan dubbanne
- Rabbiin hikmaaf jecha dubbachuu isaaf kenne

haadhattis haasa'ee itti dudubbatee
"obsi" jedhe "harmee dhugaadhaaf dhaabbattee
Rabbi tokko jetteeti kan ati adabamte"
jennaan isiinisuu onnee jabeeffattee

sabbata obsaatiin garaasii hidhatte
ilmoo isii dhumaa waraanatti laatte
waraannis harkaa fuudhee zaytiitti gate
utuu isiin laaltuu innis guggubate
akkuma jara kaanii lafeensaas ol baatee
lafee obbolaatiin walitti ida'amte

- ah yaa garaa haadhaa ah yaa garaa harmee
- gocha kana lalaa akkam gubattemee?

Atoo garaan kan kee laaftuudhaa yaa dayee
Du'a ilmaanii arguu akkamiin dandayee?

- Du'a mitii qoreen yoo nuwaraaneyyuu
- Atoo du'uuf kaataa garaan keendandayuu

Yeroo ilmaan kan kee zayitiidhaan gubattu
Akkamiin obsiteeti kan ati bira tartu?

- Maalummaan amantaa hiikkaan Islaamummaa
- Utuu hammam siif galeeti kan taate kana hundumaa

Nuttimi yaa aayyoo nuufisuu barumsaa
Anis akka keeettan hubadhee waa obsaa

- Eegaa erga ilmaan isii hundumtuu dhumanii
- Carraan geenyaan isiis qabani waraanni

Isiis zayitiitti gadi darbaniitu
Maatii guutuu fixuuf daddaffiin maraatu

- Yeroo isiis qabanu fuulaan garagaltee
- Gara fir'awun ijaan mimil'atte

Innis "tarii yaada jijjiiruufii?" jedhee
Akka waraanni isii gadhiisanu godhe

- Isiinis dubbattee akka kana jette
- "Waa tokkon barbaada yoo tole naan jette

Lafee koof ilmaan koos hundaa bakkumatti

Akka nu awwaltanu qabruma tookkotti”

- Jennaan hatattamaan isiis ol fuudhanii
- Akkuma ilmaan isii zayitiidhaan gubani
- Hundumaa boolluma tokkotti awwaalani
- Haatii fi ilmaan shan gaaf tokko dhumani
- Maalummaa obsaasuu addunyaatti himani
- Jannata argachuuf baasii kaffalanii
- Qubsuma bareedaa achii argatani

Rasuulli akkas jedhan guyyattii mi’iraajii
“Osoon deemaa jiruu malaa’ikaa wajji

- Foliin wa’ii dhufe shurunkaan dinqiinsaa
- Urgaan foolii sana nam hunda macheessaa

Maali fooliin kuni”? jedheetan gaafadhe
Gaafii kan kootiifis deebii ga’aan argadhe

- Foolii manshtaa fi ilmaan isii shanani
- Awwalcha jaraati bakki urgaa’aan suni

Naan jennaan hubadheen baay’ee dinqifadhee”
Ergamaa rabbiitu akka kana jedhe.

- Mu’uminni kaleessaa hundi dhiiraaf durbaa
- Akka kana turani yaantalaa yaa gurbaa

Daawwitii jaraatiin mee of haa ilaalluu
Of argannaan waan ta’uu qabnu hin wallaalluu

- Yoon dheeresseef diqqa dhiifama naaf godhaa
- Horaatii deebanaa nagaan naaf jiraadhaa.

XUMURAMEERA!